# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير أورومـــو

Gaafa: 01-08-2012 ibsa تاريخ

Lakk.: No.: 011/-abo/2012 رقم

**Ummanni Oromoo Ololoota Afanfaajjessoo Kamiinuu Osoo Hin dagamne**
**Qabsoo Itti Jiru Finiinsuun Gaaffii Yeroo ti**
**Ibsa Adda Bilisummaa Oromoo**

Jióota lamaan dabran kana gartuun ‘Waltajjii Marii Oromoo’ jedhee of moggaase tokko abdii fi amantaa ummanni Oromoo dhaaba isaa ABO irratti qabu busheessuuf jecha karaa isaaf dandaáme maraan olola oofuu ijibbaataa yoona gahe. Addi Bilisummaa Oromoos sochii maqaa QBO dhawataa ABO diiguuf geggeeffamu kana obsaan eega hordofaa turee booda yeroo adda addaatti dhugaa fi dhara adda baasee ummata keenya hubachiisaa turuun hin dagatamu. Inni ammaa kunis ittifufuma sochiilee farrummaa kanaan duraa waan taheef wanneen asii gadii kana hubachiisuun dirqama nutti tahe.

Gartuun kun yeroo ammaantanaas adeemsa faallaa heeraa fi seera dhaaba ABO tahe kana daranuu itti fufuudhaan duula diigaa isaa sadarkaa miidiyaa idil addunyaatti ol guddifachaa akka jiru ifaa dha. Dhimma amma dura rakkoo keessa Oromoo ti jechaa bahame miidiyaa alaa irratti tokko jedhee yoo labsatu Raadiyoo Sagalee Ameerikaa sagantaa Amaariffaa filachuun gartuu kanaa maaliif akka tahe namoota baayée wal gaafachiisaa jira. Hogganoota gartuu kanaa keessaa tokko gaaffii fi deebii gaafa Adoolessa 28, bara 2012 VOA qophii Amaarinyaa irratti kenneen ‘Waltajjiin Maree Oromoo’ jedhamu gurmuu akkamii akka tahee fi kaayyoo akkamii akka qabu Oromoo isa abbaa dhimmaatii mannaa dhaggeeffatootni Afaan Amaraa akka dursanii hubataniif filatan. Ummanni Oromoo biyya keessaa kan olola biyya alaa keessatti deddeemaa ture kanaaf keessummaa tahe waan kana yeroo jalqabaaf miidiyaa afaan biraa irraa dhagahe. Kunis kan hubachiisu kaayyoon gartuu kanaa Oromoof furmaata barbaaduu osoo hin taane, alagaa dhabama QBO hawwu misiraachessuuf kan akeekkate tahuu ragaa bahe.

Haa tahu malee dhugaan jiru ifaa dha. Akkuma gaaffii fi deebii guyyaa reefuu eerame irratti dubbatame, namoonni gurmuu ‘Waltajjii Maree Oromoo’ jedhamu kana keessatti hammataman, kanneen amma dura rakkoo naamusaa fi seera-dhablummaatiin ABO keessaa ariáman fi kanneen qabsoo bilisummaa Oromoo irraa hamilee fi murannoo laaffatanii dhaaba irraa harca’an tahuun beekamaa dha. Gurmuun ‘Waltajjii Maree Oromoo’ jedhamu kunis gurmuu namoota rakkoolee reefuu tuqaman irraa ka’uun ABO waliin tarkaanfachuu dadhaban bakka adda addaa irraa barbaadee walitti funaannatee ti.

Qabxiin cimaan ummata keenyaaf ifa tahuu qabu tokko garuu ni jira. Gurmuun maqaa dhawame kun, yeroo ammaa ‘ABOn bakka adda addaatti caccabee jiraachuu’ irra deddeebiée gurra guddisuun lallaba. Hojii qabsoo kan hogganni ABO haala xaxaa ulfaataa keessatti cichoominaan geggeessaa jiruu fi wareegama qabsoo kana keessatti kafalamaa jiru dunuunfatee bishaan itti naquudhaan hamilee hogganootaa, miseensotaa, deeggartootaa fi walumaa galatti hamilee ummata Oromoo dhaaba kana faana hiriiree jiruu cabsuuf jecha dhagaa hin fonqolchin hin qabu. ABOn rakkoo bara dheeraa duraa qabee keessa isaatti gartuulee kanaan dhalateen rakkinni turuun hin haalamu. Kan dagatamuu hin qabne garuu, jalqaba irraa qabee hanga haráatti gaagaáma ABO irra gahee fi gahaa jiruuf oláantummaan kan itti gaafa-

P. O. Box 6973 Asmara, Eritrea |Tel 2911 153848 | E-mail abamilki@gemel.com.er *www.oromoliberationfront.org*

taman warruma hará maqaa ‘Waltajjii Marii’ jedhu kana moggaafatanii hogganaa jiran tahuu ummatni fi miseensi keenya itti dhihoo jiru akka gaariitti beeka; kanneen fagoo jiraniif ammoo dhaaba kana diiguu fi miseensota qoqqooduu irratti adda durummaan kan waggootii kurnan dabran kana hojjetaa turan isaanuma kana tahuu irra deebinee hubachiisuuf dirqamna. Kanaafis ragaan viidiyoo, sagalee fi barreeffamaa lafa jiru tuullaa dha. Yeroo gahaa fi haalli aanjaan jiraatu kun fuula duratti ifa godhama.

Akka hogganoonni gurmuu kanaa hiree miidiyaa argatan tokko tokko irratti ifatti dubbatanitti, akeekni waltajjichaa tooftaa fi tarsiimoo qabsoo kan ABOn ittiin deemaa yoona gahe jijjiiruu dha. Ibsi gurmuu kanaan guyyoota muraasa dura bahes kanuma mirkaneessa. Haa tahu malee akkuma namni waaée dhaaba ABO beeku hundi quba qabu, tooftaa fi tarsiimoo qabsoo ABO kan jijjiiruuf mirga itti qabu Kora Sabaa ABO qofa. Addi Bilisummaa Oromoo tooftaa fi tarsiimoo Kora Sabaa irratti raggaafateen taligama; gaafa toftaa fi tarsiismoo san haaromsuun barbaachises Kora Sabaa waameetu achi irratti xiinxala heera-qabeessa irra dhaabbatee tarkaanfii hirmaattota wayyabaan deeggarame fudhata. Hanga sun hin tahinitti murni kamuu maqaa fedhe moggaafatee as bahuudhaan waaée tooftaa fi tarsiimoo qabsoo ABO jijjiiruuf mirgas hamilees itti hin qabu.

Ummanni keenyas dhugaa kana caalaatti hubachuudhaan, sagantaa siyaasaa dhaaba isaa ABO tiksuu fi qajeelfama qabsoo dhaabicha irraa isaaf dabru hujoomsuuf yoomuu caalaa akka dammaqiinsaan sossoú waamicha goona. Ololoota farra ABO kamiinuu osoo hin afanfaajjawin qabsoo isaa wareegama qaalii itti baasaa jiru galiin gahuuf caalaatti dhaaba isaa waliin hiriiree gumaacha isaa dacha dachaan akka guddisus hiree kanaan waamicha haaromsina. Kanuma waliin haala amma keessa jirru keessatti, ololoota yaada ummataa daandii qabsoo fardii irraa dabsuu hawwaniin osoo hin dagatamne, haala aanjaa kanatti dhimma bahuu qofaa irratti xiyyeeffatuun akka socho’amu hundaaf waamicha dabarsina.

Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!

Injifannoo Ummata Oromoof!

Adda Bilisummaa Oromoo

Hagayya 01, bara 2012